

# TAJAAJILOOTA KOLA-GAAFATT OOTAA FI BAQATTOOTA KAAYIROO

Caamsa 2023

Oromo



**UNHCR**

the UN Refugee Agency

مفوضية الأمم المتحدة لشؤون اللاجئين

# Nu Waliin Walqunnama

Dhabatni UNHCR Tajaajila Nagenya fi tajaajila gargaarsa Baqattotaf Nikenna Dhabbilee

UNHCR waliin hojjatani fi Motummaa biyya Igipti waliin tahuun. Tajaajili Nageenyaa kan gama UNHCR tin dhihaatuu keyssaa: Galmee, Afgaaffilee-Baqattumma galmeyisu, Tajajiltota seera dhiyeyisu, Kana beku qabdan Baqattotni, Naannolee armaan gadi kana keyssa jiraattan. Sarara Damee Odeyfannaa UNHCR irratti Bilbilaa. Jiraattota Magalaa Kayirotif akka armaan gadi kanatti isiniif dhihaateti jira.

Al-Qahir - Alkubra(Kayiro, Bahrul-Ahmer	Asyut
Jizaa, Al-qalyubiya) Fayoum	Suhaaj
Al-Manufiya	Qena
Shimal, Junub Sina	Luxor
Ismailia	Aswan
Suwes	New Valley

## SARARA BILBILA ODEEYFANNOO WAAJJIRA UNHCR KAYIRO

☎ **02 2739 0400**



**Dilbata -Robii sa,aatii**  
**08:15 - 15:00**  
**Kamisa**  
**08:15 - 12:00**

Kana beku qabdan, Sarari bilbila odeeyfanno wajaajira UNHCR tajaajila ni kenna Afaan Arabaa, Afaan Ingilizii, Afaan Somali, Afaan Oromoo, Afaan Tigre, Afaan Amaara fi Afaan Faransaa tiin tajaajilaa kenna.

## EMEELA:

Midhaa nagenya jolleetif	<a href="mailto:arecacp@unhcr.org">arecacp@unhcr.org</a>
Midhaa nagenya waliigalaatif	<a href="mailto:arecapro@unhcr.org">arecapro@unhcr.org</a>
Irra debiin fayila banatuf	<a href="mailto:arecadet@unhcr.org">arecadet@unhcr.org</a>
Dhimma barnootaatuf	<a href="mailto:arecaedu@unhcr.org">arecaedu@unhcr.org</a>
Namota hidhaman beysisuf	<a href="mailto:arecaapr@unhcr.org">arecaapr@unhcr.org</a>
Midhaa - gara tajaajila hawaasummaatin mudate beysisuf	<a href="mailto:arecacs@unhcr.org">arecacs@unhcr.org</a>
Namottan malaammaltumma fudhan beysisuf	<a href="mailto:arecafrd@unhcr.org">arecafrd@unhcr.org</a>

## WAAJJIRAALEE KEENYA DAAWWADHAA

Daandii Makatul-Mukarrama 17, Hayyaa Saabi'i Almujuwaru Saalis, Onkololeessa 6

5 Daandii Michel Lutfallah, Hoteela Marriott Duuba, Zamalek

Gamoo RSD/T: Daandii 44, Aanaa 8, Onkololeessa 6



## Weebsaayitii UNHCR kan koola-gaa-fattootaa fi baqattootaa gargaaru

Odeeffannoo dabalataatii fi gaaffiiwwan dedebiidhaan gaafatamaniif :  
[help.unhcr.org/egypt/or](https://help.unhcr.org/egypt/or)

UNHCR ijiptii bal'inaan qunnamuuf

[help.unhcr.org/egypt](https://help.unhcr.org/egypt)

[facebook.com/RefugeesEgypt](https://facebook.com/RefugeesEgypt)



Galmees Haarawa, fayila cufuu, irradebin fayila banatu UNHCR jalatti Galmaahun ke akka biyya ijipiti tana keysati serri Baqattummaa ke sif kabajamee Qamoolee motummaa fi Dhaabbilee waliin jirenya ke kan guyya guyyaa keysatti nagaan akka jiraattuf si fayyada. Dhabbiileen Michomaan UNHCR waliin hojjatan Akka qaama motummatiin qabamte ati fi maatiin tee gara biyya tetti hin deffamnef, biyya ijipiti tan kessatti baqattee tana kesatti bifa seera qabessaan akka galmoofte iqaamaa qabatte nagaan biyya tana kessa jiraattanif UNHCR waliin tahuun haala isiniif mijjeysa,

Erga UNHCR tti galmooftanii booda waajjirri UNHCR xalayaa eenyummaa ,kaardii jireenyaa biyya kana isiniif kenna, mee yoo xiqqaate guyyaan xumuramuu isaa ji'a sadii dura waajjira UNHCR bilbiltanii kaardii keessan haaromsuuf beellama qabadhaa.

## RAGAALEE GALMEE UNCHR

### RAGAA KOOLU GALTUMMAA (WARAQAA ADII)

Waraqaaalee ragaa tan enymma teysan ibsutu tan lammumaa biyya teysani ibsiti yonif qabattani dhihaatu baattan yero wajjira UNCHR tti galmaahuuf demtan yero jelqabatiiif akka baqattummaan teysan isinf mirkanoftuf, wajjirri UNHCR, xalaya ragaa kardi Aadi isinf kenna. namni kardiin Aadiin tuni isaaf kennamtee, heyyama iqaama irratti dhawattuu hin dandahu. Haatahuu garuu akka atii kolagaafataa biyya ijipiti taateef waraqaa ragaa tan isiniif kennamtudha, hanga wajjirri UNHCR bellam biro siif laate intervi sigodhe afgaaffi baqattumma siwaliin taasisee baqattummaa ke siif mirkaneyisutti, qaamni motumma akka siqabee sihidhe biyya irra dhuftetti sindebifneef tan kennamtuudha. Namotiin xalayaan Aadiin dhabbata UNHCR irra isiniif kennamtee guyyaa xalayaa ragaa tan enyumma keysan isin ibsiti arkattanitti gara dhabbata UNHCR bilbilaa beysisa. akka kardiin ragaa biro tan baqattummaa gafaataa jiratu keysan isin ibsiti akka isiniif kennemtuf.

### KAARDII GALMEE KOOLUGALTOOTAA (KAARDII KEELLOO)

Kardiin kola gaafattotaa kellon tun kan kennamtu namottan dhabta UNHCR jalatti galmaawaanif bifa warqaa ragaalee tan enyummaa biyya isaan ibsiti warra qabatamaan wajjira UNHCR dhiyseeff kennamti. Kardiin keloo argatuun bu'aan isiidha akka qaamni maotumma siqabee sihidhee garabiyya teeti fi gara biyya biroti sindebifneef akka sumaa nama kardi keloo qabuf nihayyamama hayyama iqaamaa qaama motumma irra akka biyya tana keyssa serawa tahe jiraatuf. Kardiin keelloon hammi isiniif hojjattu jia 18 qofa.

### KAARDII GALMEE BAQATTOOTAA (KAARDII BILUU)

Kardiin cuqulisi kan kennamu namottan baqattumman isaani mirkanaa'ef akkataa isaan himata isaani UNHCR if dhiheysaniti. Namottan kardi cuqulisa tana aragatanif nihayyamama, hayyama iqaama argatu qaamolee motumma irra bifa serawaa taheen biyya ljipti keysatti akka nagayan jiraatanif. Kardiin cuqulisi tun hammi isiniif hojjattu waggaa 3 sadihifi.

1. Galmees harraya
2. Maati haaraya fi ijollee fayila keysanirratti gutuf
3. Eddoo jireentaati odeettaamno jijjiiruufi
4. Waraqaakee haaromsisuut
5. Faayila chufuu fi ykn irra debiin banachuuf
6. Abba galmees jijjiiruuf
7. Lakoofsa faayila ittiin cufan ministeera alaa irraa argachuuf

## MAALIFAADHA WARQAALEEN RAGAA TAN DHIHAATU QABDU

Guyyaa galmeedhaa dokumentiiwwan armaan gadii orjinaalaa fi koppiiwwan isaa fidaa:

1. Basabora
2. Waraqa enyummaa hundumaahu kan jiru
3. Waraqa fudhaa fi herumaa/ hikkaa
4. Waraqa dhalotaa/ du'aa
5. Kardiin maatii
6. Kardi mana Barumsa sadakarka 2ffaa fi warqaa ragaa Kollajji fi waraqaa ragaa Universiti
7. Kardi UNHCR kan biyya birotti itti galmoofte, maatike



Beellama galmees qabachuuf, akka Fuula 2 irratti mul'atutti UNHCR sarara odeeffannoo qunnamuu dandeessu.

Akkasumas wiirtuuwwan galmees Zamalek keessa jiran keessaa tokkotti ykn Onkoloolessa 6 Wiixata hanga Kamisaatti sa'aatii 8:00 hanga 14:00tti qaamaan deemuun ni danda'ama.

## MAALIIFIN HAYYAMA JIRENYA (IQAAMA) FUDHATUN NA BARBACHISA?

Kola-gaafattotaa fi baqattotni UNHCR jalatti galmaawani kardi UNHCR argatan kanneen biyya ijipiti tana kessa jiraataa jiran mararratu dirqama hayyama jienya (iqamaa) fudhatuun ykn dhawatuun, hayyama jirenya (iqaamaa) malee jiraatun sera biyyatti falleyisuu waan taheef tarii motumman ijipiti seraan si'adabu dandaha. kanaafuu hubatu qabna, guyya jalqabaa qofa iqaama qabatu qofa oso hintaane yeroo yeron iqaama kee dhumatetti hordoftee bellama qabatte iqaama dhawaata jiraatu qabda.

## ME AKKAMITTIN YERO HAYYAMNI IQAAMA NARRA DHUMATETTI HAARONFATUU DANDAHA?

1. Kola-gaafattotaa fi baqattotni UNHCR jalatti galmaawani kardi UNHCR argatan kanneen biyya ijipiti tana kessa jiraataa jiran maraafu lakkofsi bellamaa kan hayyama jirenya (iqamaa) kan ministera haajaa Alaa ijipiti qofa irraa dhihatu yero kola-gaafattotni fi baqattotni karadii isanii tan jalaa dhumatte haaronfatuuf wajjira UNHCR dhaqanitti lakkofsa bellama iqamaatu isanif kenname battalumatti, guyya bellamaa kan isanif kenname hordafuun Biroo baasaboraa fi imaltoota kan ganda Abbaasiyyatti aragamutti dhaqaa.

Ammo kola-gaafattotaa fi baqattotni UNHCR jalatti galmaawani kardi UNHCR argatan kanneen biyya ijipiti tana kessa jiraataa jiran lakofsa hayyama kan iqaamaa ittin qabsifattan kan minister Haajaa Aalaa Ijipiti qofa irraa dhihaatu kan wajjira sab-qunnamtii biroo basabora fi imaltotaa dhabbata kartas dhaquun bellama lakkofsa hayyama kan iqaamaa ittin qabsifattan fudhatu nidandahan. Iddon Dhabatni Kartas itti arkamu.

- **Onkololeessa 6:** Gamoo 48/8 – dhiyeenya 2ffaa, aanaa 8ffaa Dilbataa fi Wiixata malee guyyaa guyyaa: 08:30 - 15:30
- **Madinatu-nasri:** 30 Siboyi Al-Masri kan daandii Anwar Mufti irraa maqu duubbe taraafiqaa madinatunasriitti argama. Dilbataa fi Wiixata malee guyyaa guyyaa: 08:30 - 15:30
- **Iskandariya:** 26 daandii xala'atunuumaan, bufata Ramli, darbi sadaffaarratti. Jimaata & Wiixata malee guyyaa guyyaa: 15:30 - 20:30
- **Damayaax:** 21/81 Ollaa 1ffaa, Aanaa 1ffaa, Fuuldura Dhaabbata Tuurizimii fi Hoteelotaa, New Damietta Jimaata & Dilbata malee guyyaa guyyaa: 14:30 - 19:30

Guyya bellama iqaamaa dhabbata kartaas irra qabatuf demtu oso achi hindemneen duratti kardi kee kan UNHCR yeron isaa irra dhumatte mo irra hindhumanne mirkanefadhu.

2. Maaloo guyyaa bellama ketii hordafii gara biroo basaboraa fi imaltotaa kan ganda Abbaasiyyatti aragamutti dhihadhu ,waraqaalee ragaa barbaachisoo tahan dhiheysu qabda dabalataan formii hayyama iqama achirraa siif kenname gutuun qaama dhimmi ilaallatuti kennun qaamni dhimmi ilaallatu ati fi maatiin tee suuraa fi ishaaraa qubaa (finger pirint) akka gotan isin ajaju ergaa kana raawwatteen boda qaamni dhimmi ilaallatu guyyaa deebitee iqaamaa tee itti rukutatte fudhatu qabdu siif himamma.

3. Guyyaa bellamaa kan siif laatamee san hordafuun Biroo dhimma basaboraa fi imaltootatti argamuun hayyama iqaama qaamaa motumma ijipiti irra siif kenname fudhadhu.
4. Hayyama iqaama qaamni siif kennu dandahu biroo basaboraa fi imaltoota kan ganda abbaa siyyaatti agamu qofa.

## DOKUMENTI AKKAMITIIN OFI WALIIN FIDU QABA?

- Kaardii galme UNHCR hundaa fi miseensota maati keeti waarraa isini waliin faayila keysanirrati galmaawan ijipiti keysatti.
- Passporti orjinaala miseensa maatii keysani kan faayila keysanirrati isini waliin galmaawan ijipiti keysatti.
- Koppiwwan galme kaardii UNHCR fi paaspoortii/ paasporti.
- Lakoofsa bellama hayyaama iqaamaa dhawatuudha kan wajjira UNHCR ykn dhaabata Kartaas irraa argattan.
- Suuraa akka suura passaporti habbaa lama lama ammo yonif umriin isaani waagaa 12 oltahani fi kardiin UNHCR irra addatti kan isanif kenname taate suura fiduun hin barbaachisu kaardiin galme adda ta'e UNHCR irraa isanif kenname jira waanta'eef.
- Koppii hayyama jireenya kee isa dhumaa haala koolu galtummaa biyya keessatti qabdu irratti hundaa'uun argatte.



## HAYYAMA JIRENYA (IQAAMA) ARKATUF KAFFALTIIN KAAFFALAMU QABU NI JIRA?

Eyyeen, kardi hayyama iqaamaa baafatuuf jine masri 100 Bankii naannawa san jirtutti kaffaluu qabada guyyaa formii hayyama iqaama gutuf dhayxu.

Hayyama iqaamaa turistiikan hintanee kan baati (6) siifi kenname hangra hoola galtumaa UNHCR jala jirdu yero yeron haromfama kaardin keeloofi cuqhisalee.

## AKKAMITTI BULCHIINSA PAASPOORTII FI IMMIGREESHINII BIRA GAHUU DANDA'A?

Waajjirri muumme bulchiinsa kanaa Abbasiyaa daandii Raamses 417 irratti kan argamu yoo ta'u, geejjiba uummataatiin dhaquun salphaadha.

# Qorannaa Mirkani Baqattumma

UNHCR balaa tamsa'ina COVID19- hir'isuun koolugaltoota keenya tajaajiluu itti fufuu akka danda'uuf af-gaaffii RSD fageenya irraa gaggeessuu eegaleera. Waa'ee adeemsa gaaffii fi deebii fagoo karaa viidiyoo kanaa bal'inaan baruu dandeessu:

## Maali Bu'aan Mirkani Baqattumma?

Interviin mirkani baqattummaa, iyyata ati wajjira UNHCR tti iyyattee turte sanirra sigaafatudha gadi fageenyaan rakkina biyya tee gaafa jirtu sirra gahee jiraatu dadhabde biyyarra baqatte irra sigaafatudha, ibsa balla aka kennitu fi iyyata ketirratti murtee laatu sera baqattumma addunyaa irra dhaabbatun, baqattummaa siif mirkaneyssuu ykn si kuffisuudha.

## Bellama Intervi Mirkani Baqattumma

Guyyaan bellama intervi mirkani baqattummaa adda ketii taasifamuf demtu, wajjira UNHCR irraa sif bilbilamee bilbilaan guyyan bellama mirkani baqattumma keti fi wantota ati gochu qabdu guyya saniindurati sif himama, erga bilbilaan guyyan sitti himameen bodatti, ergaan gabaabaan gara missejitiin sif ergama, linkii appi signalaa waliin yonif ati guyya sanirratti hayyemte. Guyyaa bellama keti irratti hundahun website: [sd.unhcr.org/refugeeresult.aspx](https://sd.unhcr.org/refugeeresult.aspx) keysatti irraa debi'uun bellamni siif kename san haaronfameeti websayiti sana keysa galfama. Linkii kana keysa galtee guyya bellam keti sun jijjiramu isaa aka merkaneyfattu sitti himama. Ammas guyya bellama keti sa'ati 48 duratti siyaadachisuuf siif belbilama.

## Yero intervi mirkani baqattummaaf dhihaattu sirratti dirqama:

- Yeroon kun yeroo seenaa kee itti himtu yoo ta'u, hojjettoonni UNHCR adeemsa sana keessatti si gargaaru. Yeroo af-gaaffii, waa'ee ofii keetii, maatii keetii fi rakkoolee si mudachuu danda'anii fi sodaa gara biyya keetii deebi'uuf qabdu ilaalchisee gaaffiiwwan hedduu si gaafatamu;
- Waa'ee miseensota maatii kee si waliin jiran UNHCR beeksisi. Namoota dhuunfaa umuriin isaanii waggaa 12 ol ta'e hundi dhuunfaan af-gaaffiin ni taasifama;
- Sanadoota siif jiran hunda fi miseensota maatii si waliin jiran kamiyyuu, kan akka sanadoota imala, waraqaa eenyummaa, galmees hojii, fi sanadoota biroo kanneen gaaffii haala baqattummaa kee deeggaruuf gargaaran fidaa.
- Sanada sobaa ykn sobaa kennuudhaan adeemsa dhimma keessanii irratti dhiibbaa hamaa geessisuu fi murtii hamaa fiduu waan danda'uuf sanada eenyummaa dhugaa qofa dhiyeessuun barbaachisaa dha.
- Yeroo gaaffii fi deebii Murteessuu Haala Baqattootaa hojjetaa UNHCR waliin tumsuu fi yeroo hunda odeeffannoo dhugaa fi guutuu ta'e kennuun barbaachisaa dha. Herrega dhugaa fi sirrii ta'e kennuu dhabuun adeemsa dhimma keessanii irratti dhiibbaa hamaa kan geessisuu fi murtoo hamaa isiniif geessuu danda'a.
- Yoo gaaffii fi deebii fagoo irraa walii galan bilbila ismaartii kaameraa fuulduraa hojjetuu fi interneetii tasgabbaa'aa qabu qabaadhaa kutaa keessa kophaa ta'aa. Bakka nageenya qabuu fi iccitii ta'e keessa akka jirtu mirkaneyssuu dhabuun, af-gaaffii irra deebiin akka beellamamu si taasisa.

## Yero intervi mirkani baqattummaa godha jirtu sanatti mirga qabda:

- Afaan ittiin wal qunnamsisuu dandeessaniin af-gaaffii taasifadhaa;
- Abukaatoo ykn bakka bu'aa seeraa, kan hojimaata UNHCR'n hundeeffameen akkasitti ulaagaa guutee, yeroo adeemsa RSD keessanitti bakka bu'uuf.

## Akkasumas hubadhaa:



- Tokkoon tokkoon iyyataa piroofaayilii, seenaa, fi sababa biyya isaa baqateef adda addaa qaba; kanarraa ka'uun, tokkoon tokkoon dhimmaa dhuunfaan, akkaataa seeraa fi hojimaata UNHCRtiin ni madaalama.
- Kunis UNHCRf herrega sobaa kennuu waan ta'eef adeemsa dhimma keessanii irratti dhiibbaa hamaa waan qabuuf murtii hamaa fiduu waan danda'uuf oduu baqattoota gidduutti baqattoota gidduutti baqattoota biratti faca'uuf xiyyeeffannoo hin kenninaa.
- Itti yaadanii UNHCR waa'ee dhugaa dhimma keetii ykn eenyummaa kee dogoggorsuun hanna. Kun adeemsa dhimma keessanii irratti dhiibbaa hamaa akka fiduu fi murtoo hamaa fiduu akka danda'u hubadhaa. UNHCR haala akkasii keessatti tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuuf mirga qaba.
- Ibsi fi sanadoonni keessan iccitii ta'anii kan qabaman yoo ta'u, hayyama keessan malee UNHCRn qaama sadaffaa biroo hin qoodamu. Hubadhaa haala kamiinuu UNHCR odeeffannoo keessan mootummaa biyya dhaloota keessaniif hin qoodu.
- Sanada kamiyyuu yoo dubbifame, hubatame, fi siin mirkanaa'e malee hin mallatteessiin.
- Masrii keessa osoo jirtuu akkuma alagaa kamiyyuu seera, duudhaa fi duudhaa hawaasa si keessummeessu kabajuun si irraa eegama.
- Hojjetoota UNHCR afaanii fi qaamaan doorsisuun seera biyyaalessaa kan cabsudha. UNHCR nama doorsisa akkasii godhu kamiyyuu poolisiitti kan gabaasu yoo ta'u namni kun akkaataa seera biyyaatti seeratti dhiyaachuu ni danda'a.

## Gaaffii fi deebii RSD irratti maal qopheessuu/ fiduu qaba?

- Kaardii galmees koolu galtootaa UNHCR keessan;
- Sanadoota himannaa baqattummaa keessan deeggaruuf barbaachisoo ta'an kamiyyuu;
- Sanada eenyummaa kee fi miseensota maatii keetii isa jalqabaa fi dhugaa (kan akka paaspoortii, waraqaa eenyummaa, kitaaba xiqqaa waraanaa, waraqaa ragaa gaa'ila, ragaa dhalootaa akkasumas ragaa barnootaa kamiyyuu ykn gabaasa yaalaa yoo jiraate fi kkf);
- Ragaa kanaan dura Waajjiraalee UNHCR birootti galmaa'uu isaanii.

## Hojimaata murtii haala baqattummaa koo keessatti bakka bu'aa/gorsaa seeraa na gargaaru qabaachuu nan danda'aa?

Yeroo af-gaaffii murtii haala baqattummaa keessanitti bakka bu'aa/gorsaa seeraa isin gargaaru qabaachuuf mirga qabdu. Masrii keessatti, Tajaajilli Baqattootaa Saint Andrews' (StARS): [help.unhcr.org/egypt/om/partners/st-andrews-refugee-services-stars/](https://help.unhcr.org/egypt/om/partners/st-andrews-refugee-services-stars/) koolu galtootaa fi baqattoota Masrii keessa jiraanif odeeffannoo, gorsa, rifaralaa, bakka bu'ummaa, fi abukaatummaa bilisaan kenna.

## Maalif dhabbatini UNHCR intervii garaa garaa rawwata erga intervi duraati?

UNHCR Masriin walxaxiinsa dhimmootaa irratti hundaa'uun hojimaata adda addaa qabdi. Dhimmoonni tokko tokko af-gaaffii tokko keessatti af-gaaffii galmees fi haala baqattootaa (RSD) waliin taasifamu, kunis hojimaata Galmees Walitti Makame/RSD jedhama; dhimmoonni tokko tokko galmees adda addaa fi af-gaaffii RSD qabu; akkasumas dhimmoonni tokko tokko Waajjirri hojimaata RSD xumuruuf odeeffannoo gahaa qabaachuu isaa mirkaneyssuuf af-gaaffii RSD tokkoo ol qabu.

## Yoon beellama RSD irraa hafe hoo?

Ibsa madaalawaa malee beellama RSD irratti yoo hin argamne dhimmi keessan cufamuu akka danda'u isin beeksifna. Yoo beellama si jalaa bade, sababa waajjira sanatti dhiyaachuu hin dandeenye ibsuun daftae haaraa gaafachuun itti gaafatamummaa kee ti. Beellamni haaraan kan

kennamu maaliif akka hin argamne ibsa madaalawaa yoo kennitan qofa akka ta'e hubadhaa.

### **Miseensonni maatii koo, kanneen na biratti galmaa'an, af-gaaffii murtii haala baqattootaa irratti argamuun dirqamaa?**

Namoonni galmee keessatti galmaa'an hundi gaaffii fi deebii haala baqattummaa murteessuuf yoo isin beeksifne malee argamuun barbaachisaadha. Namoonni dhuunfaa dhimmicha keessaa umurii isaanii waggaa 12 ol ta'e hundi UNHCR keessatti af-gaaffii addaa ni darbu.

Akkasumas UNHCR odeeffannoo nuuf qoodamu iccitii fi miira namaa kakaasu akka kabaju hubadhaa. Odeeffannoo hundi iccitii olaanaadhaan ilaalama. Odeeffannoo tokko tokko miseensa maatii tokkoof qooduun yoo nu barbaachise, yeroo hunda dursa hayyamni kee ni barbaadama. UNHCR hayyama keessan osoo hin argatin gonkumaa hin socho'u.

### **Baqattuu ta'ee yoo beekamtii argadhe maaltu ta'a?**

Beeksisni bu'aan RSD xumuramuu isaa ergaa gabaabaatiin ykn bilbilaan beellama bakka, guyyaa fi sa'aatii ifatti agarsiisu kennuudhaan ergama. Murtee fudhachuuf, yeroo UNHCRtti dhiyaattan waraqaa galmee koolu galtoota UNHCR fi sanada eenyummaa keessan (paaspoortii ykn bifa adda baasuu biroo) hojjettoota simannaa UNHCRfi dhiyeessuun isin irraa eegama.

Yoo akka baqattuutti beekamtii argatte, atii fi hirkattoonni kee kaardii baqataa UNHCR ni kennamaaf.

### **Baqattummaa yoo na dhowwame maaltu ta'a?**

Gaaffii fi deebii sadarkaa jalqabaa booda baqattummaa yoo si dhorkame, beellama beeksisa bu'aa ergaa gabaabaatiin ykn bilbilaan bakka, guyyaa fi sa'aatii ifatti agarsiisuun siif kennama. Murtee fudhachuuf, yeroo UNHCRtti dhiyaattan waraqaa galmee koolu galtoota UNHCR fi sanada eenyummaa keessan (paaspoortii ykn bifa adda baasuu biroo) hojjettoota simannaa UNHCRfi dhiyeessuun isin irraa eegama.

Guyyaa muudama keessanitti, xalayaan murtii negaatiivii kan isiniif dhiyaatu yoo ta'u, kunis sababoota iyyanni koolu galtummaa akka dhorkamuuf sababa ta'an irratti ibsa of keessaa qaba. Murtii negaatiivii ta'een yoo isin beeksiftan guyyoota 30 keessatti gaaffii ol'iyannoo dhiyeessuuf mirga qabdu. Xalayaan beeksisaa eessatti fi akkamitti gaaffii ol'iyannoo dhiyeessu akka dandeessan ifatti ibsa. Murtii sadarkaa jalqabaa iyyata koolugaltummaa kee dhorku irratti ol'iyannoo dhiyeessu yoo hin barbaanne, kana booda akka nama UNHCR yaaddessutti hin ilaalantu.

### **Baqattummaa ta'uu kootiin dideera, garuu warra koo, mucaan koo ykn obboleessi koo fudhatama qaba. Kun akkamitti narratti dhiibbaa qaba?**

Yoo sadarkaa baqattummaaf didamte, garuu warri kee, mucaan kee ykn obboleessi kee akka baqattuutti fudhatama argate, haalawwan tokko tokko keessatti UNHCRn baqattummaa argachuuf ulaagaa guutuu dandeessa. Yoo sababa tokkoon kun siif hin taane, sana booda UNHCR sababa murtii kana duuba jiru siif ibsa ture. Ammas waa'ee kanaa yaaddoo yoo qabaattan ykn iyyata keessan keessatti dogongorri uumameera jettanii yoo amantan, maaloo UNHCR beeksisaa.

### **Murtee Murteessuu Haala Baqattummaa koo akkamittan naaf beeksisa?**

Murtoon RSD kee erga qophaa'ee booda, guyyaa/beellama bu'aa kee agarsiisuuf ergaa gabaabaa ykn bilbila siif ergama. Murtee keessan karaa lyyannoo Mallattoo fageenya irraa ni beeksifama ykn beeksisa Waajjira keessaa siif beellama. Tokkoon tokkoon nama dhuunfaa mala, bakka fi guyyaa beeksisa isaanii bilbilaan/SMS dhaan ni beeksifama.

Gidduu kana, akkasumas marsariitii kana karaa kutaa haala RSD <https://rsd.unhcregypt.org/RefugeeResult.aspx> ilaaluu dandeessu, kunis guyyaa beeksisa bu'aa/beellama keessanii kan calaqqisu, erga argamee booda. Murtiin iyyata koolu galtummaa kee irratti kennamu beekamtii

kennuu ykn diduu ta'uu danda'a.

### **Gaaffii ol'iyannoo akkamittan dhiyeessu danda'a?**

Unka gaaffii ol'iyannoo kutaa Unkaalee fi Barruulee marsariitii kanaa [rsd.unhcregypt.org/FormsAndLeaflets.aspx](https://rsd.unhcregypt.org/FormsAndLeaflets.aspx) irraa buufachuu dandeessu. Unka gaaffii ol'iyannoo keessan keessatti, kanneen armaan gadii dabaluu qabdu:

- Sababoota murtoon negaatiivii sadarkaa jalqabaa dogoggora jettee yaaddu
- Odeeffannoo quunnamtii keessan kan haaromfame

Sana booda unka iyyannoo sirnaan guutame keessan yookaan imeeliidhaan Appeal/Reopening [arecaapr@unhcr.org](mailto:arecaapr@unhcr.org) yookaan Gamoo RSD daandii 44A, dhiyeenya 2ffaa, Aanaa 8ffaa, Magaalaa Onkoloolessa 6tti argamutti dhiyaachuudhaan dhiyeessuu dandeessu.

### **Adeemsa ol'iyannoo keessatti maaltu ta'a?**

Adeemsi ol'iyannoo UNHCR diduu sadarkaa jalqabaa akka ilaalu fi murtiin kenname sirrii ta'uu isaa akka mirkaneessu kan hayyamudha. Adeemsa ol'iyannoo keessatti, hojjettoota eegumsa UNHCR kanneen murtii sadarkaa jalqabaa jalqabaa keessatti hirmaatan irraa adda ta'an gaaffii ol'iyannoo hunda ilaalu. Gaaffiin ol'iyannoo hundi gara af-gaaffii ol'iyannootti kan hin geessu yoo ta'u, dhimmoota tokko tokko keessatti murtoon af-gaaffii ol'iyannoo malee kennamuu danda'a. Kanaafidha iyyata ol'iyannoo kee keessatti sababoota murtiin sadarkaa jalqabaa dogoggora jettee itti amantu hunda dhiyeessuun kee barbaachisaa ta'e.

Yoo af-gaaffiin ol'iyannoo barbaachise, guyyaa af-gaaffiin ol'iyannoo keessanii karaa ergaa gabaabaatiin isin beeksifna, akkasumas beellamni kutaa haala RSD marsariitii kanaa [rsd.unhcregypt.org/RefugeeResult.aspx](https://rsd.unhcregypt.org/RefugeeResult.aspx) keessattis ni argama.

Murtiin sadarkaa jalqabaa yoo kufe, baqattummaa siif kennama; murtiin sadarkaa jalqabaa yoo mirkanaa'e, seera idil-addunyaatiin baqataa ta'uuf ulaagaa akka hin qabne waan argamtuuf galmeen kee ni cufama.

## Enyufaatu gragaarsa mallaqaa UNHCR fi dhabilee irra argatuu dandaha?

UNHCR gargaarsa mallaqa nikenna kola-gaafattotafi baqattota UNHCR jalatti galmaawanif Namottan gara dhabbata kartaasitti bilbiluun rakina isaani himtaani dhaabatni kartasa intervi isaanif taasise iyyata isaani gara UNHCR tti erge keysaa namottan filatamnif UNHCR gargaarsa mallaqa akka fudhatanif ergaa gabaaba gara misejiitiin ergaafi gara lakofsa isaani kan UNHCR birati galmeysani turaniin.

## Wajjirri UNHCR akamitti murte kenna enyu akka gargaarsa mallaqaa fudhatu qabu?

Namottan gargaarsa mallaqaa fudhatu qaban addan baase murtee irratti keenuuf akka arman gadiitti ibsame kana taha namottan rakkina nagenya hamaa qaban namottan rakkina jirenya hamaa qaban, namottan harka qalleyyii tahan keysaa isan akkaan gargaarsatti haajamotahan dhabbatni UNHCR, odeyfannaa isan gara UNHCR iyyatan irra debi'ee ilaaluun odyfaanna isani keysa odeyfanna akka umri isani lakofsa maati sadarkaa barumsa ,gargaarsa ati iddo biraa irra qabdu fi midhaa adda tan ati qabdu ,rakkinna fayyaa kan ati qabdu, fayilii rakko nagenya hamaa qabdu fi kan kana faakkatan faa kara dhaabbata kartaasitti erguun dhabatni kartaas siif bilbilee siwaliin intervi tasise sana boda gara dhabbata UNHCR tti debise erguun UNHCR namottan kana keysa namottan filatamanif ergaa gababaa gara misejii tiin siif erga lakosati UNHCR biratti galmeysite irrattii. Murteen kan ennamu fayila kola-gaafattootaa fi baqattotaa maraahuu keysa debiin ilaaluun namottan akkamalee harka qalleeyyi tahan gara mallaqaatiin akka filataman taasisa.

Huggaa akka ati gargaarsa maallaqaa tif akka filatatamtu taasifamtee dhabatni UNHCR ergaagabaaba gara misejiitiin siif erga gara lakofsa ati UNHCR biratti galmeysiten.

## Akamittin bellama intervi qoranna irraa gahu dandaha?

Yoo bara 2019 irraa eegalee Kartaas Fedhiwwan Bu'uura waliin af-gaaffii madaallii hin gaggeessine, ykn af-gaaffii madaallii isa dhumaa booda haala maatii keessanii irratti jijjiiramni guddaan yoo jiraate, maaloo af-gaaffii saganteessuuf Kartaas sarara odeeffannoo 15946 irratti qunnamaa. Hojjetaan Kartaas irraa dhufe tokko bilbilan si qunnamee beellama mirkaneessa. UNHCR madaallii af-gaaffii hin galmeessu/hin gaggeessu.



## Eysarraa hin gargaarsa mallaqa fudhatu dandaha?

Yero ergaan gabaabaan missejiin lakofsa bilbila kan dhabata unhr biratti galmeysitee jirturrati siif ergameetti, gargaaras mallaqaa akka fudhattuf wajjiraa postaa ijpti kamiyyu irra, guyyaan bellama siif kenname oso hindhumatiiniin duratti, akuma missejirrati siif ibsametti yonif ati warra ishaaraa ijaatin gargaarsa mallaqaa fudhatu qabu keysatti filatamtee, mana postaa ishaaraa ijaa qabu demtee gargaarsa kee gama ishaara ijaatiin fudhatu sirraa eegama. Tarree waajjiraalee poostaa iris dandeessisanii Fuula (14) irratti argachuu dandeessu.

Hubadhaa, dhimma keessan keessatti nama maallaqa walitti qabu filannoo ta'e yoo muude malee iyyataan ijoo gara waajjira poostaa deemuu kan qabu QOFA ta'uu isaati. Maallaqa

walitti qabuu filannoo ta'e moggaasuuf maaloo Kartaas Fedhii Bu'uura 15946 qunnamaa. Lakkoofsa bilbilaa keessan kan UNHCR keessatti galmaa'e haaromsuu yoo barbaaddan, maaloo Fuula (15) ilaalaa.

## Akamittin gargaarsa maallaqaa mana posata irra fudhatu dandaha?

Mana posata filmaata lamaatu jira:

1. Hojjetaan mana posataa kardi unhr teeti sigaafata abba gargaarsi ergameef taahu kee mirkaneyfatuf maqaa keti fi fotoo te fi lakofsa fayila keti kan isa bira jirun walbira qabee mirkaneyfatufi dhumarratis kardii ketirra foto kaafatuuf jecha.
2. Yonif ergaa gabaabaa misejiin siif ergamte irratti gargaarsa maallaqa mana postaa irra ishaaraa ijaatin fudhatu qabdaan siif ergamte ,gara mana posataalee ishaaraa ijaa qabu dhaquutu sirra eegama. erga mana posta dhayxee manni posata ajaja sitti dabarsa akka gaaritti ijate lamaan bantee kamera ishaara ijaa sitti kennamee keysaa sirritti ijaa banattee ilaalu akkaqabdu si ajaja.



Hubadhaa, dhimma keessan keessatti maallaqa walitti qabuu filannoo ta'e yoo muuddan malee, namni maallaqa walitti qabu kan muudame (yeroo baay'ee iyyataa ijoo) kan gara waajjira poostaa deemuu qabu QOFA ta'uu isaati. Nama maallaqa walitti qabu filannoo ta'e filachuuf maaloo Kartaas Fedhii Bu'uura 15946 qunnamaa.

## Maal gochuun qaba gargaarsa mallaqaa kan naaf ergame mana postaa irraa yoniifin fudhatuu dadhabe?

1. Guyyaan bellamani siif kenname oso hin dhumatin duratti gara mana postaa demuqabda gargaarsa siif ergame fudhatuf, aka erga misseji siif dhufte irratti ibsametti guyyaalee siif kenname dabarsite yonif dhexxee gargaarsa kee argatuu hindandeesu, namani gara manaa postaa dhaquu qabuu (abba fayila qofa tahuu qaba akuma kana dura beekamutti) gargaarsa mallaqa fudhatuf waan geddarriin hin godhaminiin, Akka Namni bira baka kee dhaqee gargaarsa Maallaqa siif ergame fudhu waan dhabata Kartasitti bilbiltee hin iyyaatiiniin. Abbuma Faayilatuu dhaquu qaba.
2. Yonif gargaarsa maallaqa warra ishaara ijaatiin fudhatu qabuu keysatti ramadamte Maaloo kaameraa sirriitti qixaa ijaa ketii kaayuu ke mirkaneyfadhu (ijarra gadi busu hin qabdu irraa his olfageysu hinqabdu) ija kee lamaaninu kaameraa sirriitti ija itti baafttee ilaalu qabda yonif kana gote milkaahu dadhabde, hojjata hayyam siifadhu ijaa tee tan gara mirgaa sirriitti ofirra haaqi jalqabarratti, sanaboda ija bitaa ofirra haaqi kanaas gootee yonif milkawu oltee gara mana postaa isaa biroo kan ishaara ijaa qabu demu qabda. Yeroo tokko tokko rakina interneti irra tahu mala.

Karaa armaan olitti dubbatame kana maraahu gotee yonif milkaawu dadhabde gara dhaabbata kartaasitti debitee bilbilu qabda rakkina si mudatee isaan beysisu qabda tarkaan filee kannen yonif hinfudhatiin UNHCR debisee gargaarsa kee akka bikka siif hinbunne beki,yeroo ati dhabbata kartaas rakkina simudate beysiftetti hojjattotni damee-rakkinaa ilaaltu walni marihatuun

rakkinni kee akka itti furu qabdu sitti himuun sigargaaru ,rakkina kee sirra barreysuun dhaabata UNHCRtti siif dabarsu dhaabbatni unhr iyyata kee ilaaluun guyyaa 30 boda erga guyyaan bellama kan siif kenname dhumateen bodatti gargaarsa biro akka siif ergamu taasisa. Karaa ergaa gabaabaa misejitiin sibeysisa yom aka fudhattu fi eysarra akka fudhattu fi akkamitti akka fudhatuu dandeyisu

Lakofsota dhabbata kartaas kan damee gargaarsa maallaqa **paji 33** kitaab kana keysaa barbaadde arkatudandeyisa.

### Enyuttiin bilbiluu qaba odefanna fi rakkina hiamatuf dhimma gargaarsa mallaqaa irratti?

Maaloo lakkoofsa bilbilaa 15946 irratti Kartaas Fedhii Bu'uuraa qunnamaa. Gorsaan Kartaas irraa dhufu gorsa barbaachisaa ta'e siif kenna, akkasumas tarkaanfiin dabalataa UNHCR irraa yoo barbaachise rakkoo kee ni galmeessa.

Qajelfama kana beku qabda; hubanna bekuu barbaadu fi rakkina ibsatuu barbaddu hundahu kan gargaarsa mallaqaatin walqabatu hundaahu gara dhaabbata kartaasitti iyyatuun dhaabbatni kartas unhr biraan gahaa kara kana qofaan rakkinni furamu dandaha malee gar UNHCRtti bilbiluun rakkinni gargaarsa mallaqa furamu akka hindandeneye beku qabdan.

### Mannen postaa ishaara ijaa of keysaa qaban:

**Onkololeessa 6:** Hosari, Mujamma-alkadamaat, Hayya saabi, Hayya saadisn kan bekamtu, Hayya ssalis, Hayyal-uula, dabalatan wajjira mana posta guddicha kan Onkololeessa 6.

**Giza:** Ardalliwa, Kufri xaharmas, Madinatul owqaaf, Wajjira mana posta ahraam, Gudda, Almamlakatul mahandisiin, Maktabatuljiza-al-awwal.

**Wasxal-balad-alqahira:** Mana postaa qaahira guddicha.

**Junubal qaahira:** Almaadi.

**Shraqi -alqaahira:** Eynashmsi, Zahra eynashmsi, Abdulmuni'im riyaad, Sharqi alqubba, Nazaha-aljadid, Hayyassamin, Hayyal-Aashir, Almashru'u assuwesri.

**Alqaxxamiya:** Iskaan shaabaab al-ubuur, Mana posta gudicha madinatu-alubuur, Suqal-ubuur, Tajammul-ulaa, Madinatii, Jamiyyatul-arab, Al-aashir ramadan, Al-mujaawaratu saadisn, Al-mujawaratu saalis wasalaasun, Al-mujawaratu taasi, Al-mujawaratu rabi'ata wa'arba'uun.



## Fayyadama fi Miidhaa Walqunnamtii Saalaa

Hojjetaa gargaarsa namoomaatiin (hojjetoota UNHCR ykn namoota/qaamota UNHCR waliin qophii waliigaltee qaban) bifa kamiinuu fayyadamuu ykn miidhaa saalaa yoo si mudate ykn kun akka ta'aa jiru beekta ta'e, gabaasuu fi deeggarsa argachuu dandeesa.

Gabaasaaleen hundi iccitiidhaan kan ilaalaman yoo ta'u, gosa qorannoo kamiyyuu dura hayyamni keessan ni barbaadama.

### Wajjira UNHCR Masriitti

- Sanduuqa komii waa'iraalee UNHCR keessatti argamu
- Karaa imeelli: [ARECACOM@UNHCR.ORG](mailto:ARECACOM@UNHCR.ORG)
- Poostaadhaan bakka bu'aa UNHCR Masrii, UNHCR, daandii Mekka El Mokarrama 17, Aanaa 7ffaa, Kutaa 3ffaa, Onkololeessa 6 Megaalaa.

### Gara Wajjira Muummaa UNHCR

- Karaa imeelli: [inspector@unhcr.org](mailto:inspector@unhcr.org) / [hojg00@unhcr.org](mailto:hojg00@unhcr.org) irratti argattu
- Karaa marsariitii keenyaa: [www.unhcr.org/go-complaints.html](http://www.unhcr.org/go-complaints.html)

yoo na waliin deemtan gargaarsa dabalataa isiniif kenna



### Tajaajiloonni jiran maal fa'a?

Deeggarsa hatattamaa jeequmsa koorniyaa irratti hundaa'eef deebi kennuudhaaf (kan hojjetaa gargaarsa namoomaatiin raawwatame dabalatee), qunnamaa:



- Keer:** balaa negeenyaa dabalatee namoota jeequmsa koorniyaa irratti hundaa'e irraa hafaniif balaa tasaa.
- Sarara bilbilaa yeroo muddamaa: 01028062178 (sa'aatii hojii booda) / 01028859777 / 01028859666 / 01120486354 (sa'aatii hojii)



- Doktoroota Daangaa Hin Qabne(MSF):** kunuunsa yaalaa hatattamaa namoota jeequmsa saalaa irratti hundaa'e irraa hafaniif 24/7.
- Sarara bilbilaa: 01117083502 mana yaalaatii osoo hin dhiyaatin dura bilbilaa.



- UNHCR:** Tajaajila jeequmsa koorniyaa irratti hundaa'e biroof: [ARECAGBV@UNHCR.ORG](mailto:ARECAGBV@UNHCR.ORG)

UNHCR fi michoonni isaa hundi hojjetoota keenyaan baqattoota saalqunnamtii irratti raawwatamu ykn miidhaa geessisan kamiifuu OBSA ZERO qabu. Gargaarsi UNHCR irraa kennamu hundi bilisa. Gargaarsi gonkumaa bu'aa saalaa, maallaqaa, hawaasummaa ykn siyaasaatiin jijjiirraa kennamuu hin qabu.

**Namni kamiyyuu kabajaa fi of eeggannoodhaan ilaalamuu mirga qaba**



## جميع خدمات المفوضية مجانية



Tajaajilli UNHCRiin fi dameewwan isaatiin kennamu kan akka galmee, mirkanii baqattummaa, qubannaa biyya sadaffaa, gargaarsa fi tajaajilli biroo kaffaltii irraa bilisa

جميع الخدمات التي تقدمها المفوضية وشركاؤها من تسجيل وتحديد وضع اللاجئين وإعادة توطين ومساعدة وغيرها مجانية

إذا اتصل بك أي شخص يسعى للحصول على مقابل نظير خدمات المفوضية أو أي من شركائها، يجب عليك الإبلاغ عن الحادث على الفور.

Yo namni kamuu isinitti dhufee maallaqaa isin gaafate yookaan tajaajila UNHCR tiif jecha wanta kamu isin gaafate yookaan tajaajila UNHCR tiif jecha waa kaffalte, Taatee san maaloo yeroma san gabaasaa

## HOJII KOMII

